# Rabbiif sujuuda heddummeessi, sababni isaas Rabbiif jecha ati sujuuda hin gootu sababii saniif sadarkaa si ol kaasee, dilii si irraa buusu malee

Ma'adaan bin Abii Xalhaa Al-ya'amarii irraa odeeffamee akkana jedhe: Sowbaan bilisa bahaa Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kan ta'e qunnameen, akkas jedheen: Dalagaa sababaa isaatin Rabbiin jannata na seensisu naaf himi? ykn akkas jedhe nan jedhe: Dalagaa gara Rabbiitti irra jaalatamu naaf himi, ni cal'ise, eegasii isa nan gaafadhe, ammas ni cal'ise, eegasii sadaffaa isa nan gaafadhe, akkas jedhe: Yeroo baay’ee sana Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- gaafadhee, akkas jedhan: «Rabbiif sujuuda heddummeessi, sababni isaas Rabbiif jecha ati sujuuda hin gootu sababii saniif sadarkaa si ol kaasee, dilii si irraa buusu malee» Ma'adaan akkas jedhe: Eegasii Abuu Al-dardaa qunnameen isa gaafadhee, fakkaatuma Sowbaan naan jedhe naan jedhe.

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- hojii jannata seenuf sababaa namaaf ta'u irraa fagaafatamanii ykn hojii Rabbiin biratti baay’ee jaallatamaa ta’e irraa gaafataman? Isaan -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- gaafataan akkana jedhan: "Salaata keessatti yeroo baay’ee sujuuda gochuu qabadhu, sababni isaas ati sujuuda tokko Rabbiif jecha hin sujuuddu Rabbiin sababaa sanaan sadarkaa kee ol kaasee, dilii kee siif araaramu malee.